Sun sheyxaana “Khinzab” jedhamu, Yeroo wanti akkasii sitti dhaga’ame, Rabbitti irraa maganfadhuu, gara bitaa kee irratti yeroo sadii tufi

Usmaan bin Abil Aas irraa odeeffamee, Rabbiin irraa haa jaallatu: Inni gara Nabiyyitti dhufee, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, dhugumatti sheyxaanni anaa fi salaata koo fi qiraatii koo gidduu galee na irratti isii wal fakkeessaa jira. Ergamaan Rabbiitis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: "Sun sheyxaana “Khinzab” jedhamu, Yeroo wanti akkasii sitti dhaga’ame, Rabbitti irraa maganfadhuu, gara bitaa kee irratti yeroo sadii tufi". ni jedhe: ani akkas godhee, Rabbiin isa narraa kaase.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Usmaan bin Abii Al-Aas Rabbiin irraa haa jaallatu, gara Nabiyyitti dhufee, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, akkana jedhe: Yaa Ergamaa Rabbii, sheyxaanni anaa fi salaata koo gidduu galee, khushuu'a isii keessatti na dhoorgeera, akkasumas qiraatii kiyya na irratti walitti laaqee akkan shakku na taasiseera. Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhaniin: Sun sheyxaana Khinzab jedhamu waan ta’eef, waan akkasii yoo argite, yoo sitti dhaga’ame, Rabbitti tikfima barbaadi, Rabbitti irraa maganfadhu, bitaa keetiin yeroo sadii tuftoo xiqqoo tufi, usmaanis akkas jedhe: waan Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- itti na ajajan hojjedhee Rabbiin wanta san na irraa deemsise.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/65105